TALAALLII COVID-19

DHUGAASAA HUBADHU!

TALAALLIIN NAMA KAMIIFUU TOLA.

Yoo talaalliifi waantota biraaf kaffaltiin jiraate garuu mirkaneeffadhaa, gaafadhaas.

- Gatii bulchiinsaa yoo kaffaluu dadhabanillee namni kamuu talaallii argachuurraa hin dhorkamu.
- Takkaa talaalliin baayyinaan erga argamee booda, haala baqattummaa kamuu keessas namni jiru kamiyyuu talaallii argachuu danda'a.
- Yeroo dabaree isaatii/isheetii namni kamiyyuu talaallii argachuu danda'a

Talaalliin kun akka ati COVID-19n hin qabamne si gargaara.

- Erga talaallii fudhattee booda COVID-19n yoo qabamte ammoo, dhukkubni akka sitti hin hammaanne si gargaara
- Yoodhuma COVID-19 qabamtee turte ta'ellee, talaallii argachuu qabda.
- Yeroo hagamiif namni tokko COVID-19 akka qabamuurraa baraaramu waanti beekame hin jiru.

Talaalliin COVID-19 kan fayyummaansaa eegameefii bu'a qabeessadha. Talaalliin kun akka ati COVID-19 qabamtu hin godhu.

- COVID-19 qabamuurra talaallii argachuu wayya
- Namooti miliyoonaan lakkaawwaman haala gaariidhaan talaalamaniiru.
- Seenaa Ameerikaa keessatti fayyummaan talaallii biraa haga kana hin qoratamne.
- Fayyummaan talaallii kanaa, namoota qomoo garaa garaa, gosa garaagaraafi umurii garaagaraa ta'an namoota kumaatama irratti mirkaneeffameera.
- Talaalliin COVID-19 DNA kee hin jijjiiru.

DHIIBBAAN CINAA WAAN AMALEEFFATAMEDHA.

dhiibbaa cinaa jechuun COVID-19.< 1} qabda jechuu miti.

- Dhiibbaan cinaa waan baratamedha, kana jechuun talaalliin sun qaamnikee COVID-19 akka lolu barsiisaa jira jechuudha
- Dhiibbaan cinaa kan inni ta'uu danda'u:
  - Waraansa yookiin dhiita irreerree bakka talaallii sana fudhattan irratti
  - Mataa dhukkubbii, qorrisiisuu yookiin dhagna gubaa.
- Yoo fayyummaan sitti hin dhagaahamne ta'e, haga fayyitutti guyyaa muraasaaf boqonnaa fudhadhu
- Talaallii erga fudhattee booda, michii(allergic) akka hin qabne beekuuf daqiiqaa 15-30 turuu qabda

Talaalliin kun akka dhala hin godhanne dhorka kan jedhuuf ragaan hin jiru.

Dubartooti ulfaa talaallii kana fudhachuufi dhiisuu isaanii ogeessa fayyaa isdaanii waliin dubbachuu qabu.

Talaalliin HIN QABU kanneen

- Waan
- Killee(hanqaaquu)
- Foon booyyeerraa waantota argaman
- Jeelaatiini
- Lastika/latex
- Vaayiresii COVID-19 kallattiidhaan

Talaalliin tokko tokko takkaa qofa fudhatamu, kunneen ammoo si'a lama fudhatamu Talaalliin gosa lachuu fayyaa kan hin miineefi bu'a-qabeessa

Talaallii si'a lama fudhatamuu qabuuf**lama**:

- Talaalliin jalqabaa qaamakee qopheessa.
- Talaalliin lammaffaa kan torbanoota muraasa booda kennamu, akka ati guutummaatti ittisa sana qabaattu mirkaneessa.
- Guutummaatti ittisa argachuuf marsaa lachuu talaallii fudhachuu qabda.

ERGA TALAALLII FUDHATTEE BOODA NAGAADHAAN JIRAADHU.

Yeroo ammaa kanatti, ogeessoti talaalliin kun hammamiif akka sirraa ittisu hin beekan. Erga talaallii COVID-19 fudhattee boodallee kanneen armaan gadii ittuma fufi:

maaskii kaawwadhu

fageenyakee eeggadhu

harkakee yero yeroon dhiqadhu

waantota baayyee saaxilamoo ta'an yero yerootti qulqulleesi.